I. Filannoowaan dhiyaatan keessaa qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi.

1. Biyyoota guddataa jiran keessatti hundeeffama barumsa naannoo ilaalchisee sirrii kan ta'e kami?
   A. Barumsichi gurmaa'ina kan qabuu dha
   B. Barumsichi mootummaadhaan kan deeggaramu dha
   C. Barumsichi haala walfakkaataan kan kennamu dha
   D. Barumsichi haaraa waan ta'eef miti-sirnawaa dha
2. Barsiisaan Keemistirii rakkoo faalama qilleensaa sababa aara boba'aan dhufu akkamitti Naannoo akka faaluu danda'uufi mala ittisa isaa yoo barsiise mala isa kam hojjiira oolche jedhama?
   A. Mala Infuushiinii
   B. Mala Faarmiingii
   C. Mala Impoosiishiinii
   D. Hundi deebii ta'a
3. Itoophiyaa keessatti barumsa naannoo ilaalchisee dogoggora kan ta'e:
   A. Barumsa naannoo Itoophiyaa keessatti bara 1980 eegale
   B. Labsiin barumsa naannoo Itoophiyaa keessatti kan qophaa'e 1998
   C. Barumsi naannoo Itoophiyaa barumsa naannoo Afrikaa dura eegale
   D. Barumsi naannoo akka tarsiimoo hiyyummaa hir'isutti fuhdtatama
4. Sadarkaa addunyaatti sagantaan barumsa naannoo kan eegale yoom?
   A. 1960
   B. 1972
   C. 1980
   D. 1998
5. Biyya jijjiiramaafi foyyaa'insa gama hundaan hin mirkaneeffanne keessaatti xaabiya ummataa mul'atu kami?
   A. Eegumsi fayyaa foyya'aa ta'uu
   B. Ummanni umurii dheeraa jiraachuu
   C. Tajaajilli walquunnamtii hanqina qabaachuu
   D. Barattoonni barumsa quulqullina qabu argachuu
6. Hariiroo lubbu-qabeeyyiifi naannoo fiizikaalaa jidduu jiru caalaatti kan qu'atu kami?
   A. Abaayootikii, abiotic
   B. Sirna ikkoo, Ikkooloojii
   C. Baayootikii, biotic
   D. Baayoodaayiveersiitii
7. Wantoota naannootti argaman irratti kallattiin dhiibbaa uumaa kan jiru kami?
   A. Daballii lakkoofsa ummataa
   B. Babal'achuu baayodaayiversiitii
   C. Haalaan olka'uu dandeettii baachuu lafaa
   D. Haalaan eegamuufi kunuunfamuu ikkooloojii

8. Daawwattoonni kan itti waliin marii'ataniifi muuxannoo waljijjiiran sadarkaa doo'ii dirree isa kamirratti dha?
   A. Doo'ii duraa
   B. Wayita doo'ii
   C. Doo'ii booda
   D. Hundi deebii hin ta'u
9. Yeroo baay'ee kaayyoon barumsa naannoo osoo hin milkaa'iin kan hafu:
   A. Barsiisaan barumsa naannoodhaan kan leenji'u yoo ta'e
   B. Leenjii hojii irraafi hojiin duraa ga'umsaan yoo kenname
   C. Leenjichi walxaxaa irraa gara salphaatti yoo kenname
   D. Leenjicha yeroo yeroon madaaluu yoo danda'ame
10. Barumsa naannoo ilaalchisee biyyaafi labsiin bahe kan walsimu kami?
   A. Koonfiransii biyya Joorjiyaa—Dikilareeshiinii Tiiblisii
   B. Koonfiransii biyya Iswiidiin—Dikilareeshiinii Istookoolm
   C. Woorkishooppii biyya Yuugoooslaaviyaa—Chaarteerii Beelgreedii
   D. Hundi deebii ta'a
11. Iyyaafannoon dhiibbaa naannoo ilaalchisee yaada soba ta'e adda baasi?
   A. Raawwii booda hojiirra oola
   B. Meeshaa karooraa ti jedhama
   C. Dhiibbaa piroojeektichi fidu dursaan timaamuuf gargara
   D. Hojiiwwan karoorfaman bu'aa ykn miidhaa fiduu danda'an xiinxala
12. Akka iyyaafannoo dhiibbaa naannootti piroojeektoota jijjiiruu ykn foyyeessun kan danda'amu yoom?
   A. Madaallichi bu'aa akka qabu yoo agarsiise
   B. Madaallichi miidhaa akka qabu yoo agarsiise
   C. Faayidaan argamuu danda'u olaanaa ta'uu yoo agarsiise
   D. Dhiibbaan dhufuu danda'u gad-aanaa ta'uu yoo agarsiise
13. Barattoonni qabiyyeewwan naannootti argaman qooduufi ramaduu akkasumas daawwachuun kan irraa baratan sadarkaa kamitti?
   A. Sadarkaa umurii jalqabaa
   B. Sadarkaa umurii g/galeessaa
   C. Sadarkaa umurii olaanaa
   D. Deebiin hin kennamne
14. Dhiibbaa asiidummaa'uu, saalinaayizeeshiiniifi agrokeemikaalaan dhufu kami?
   A. Faalama biyyee
   B. Faalama bishaanii
   C. Faalama qilleensaa
   D. Faalama haroofi laggeenii
15. Lubbu-dhabeeyyii ta'uu kan agarsiisu filadhu.
   A. Abaayotikii
   B. Baayootikii
   C. Baayomaasii
   D. Baayoo-riijini

16. Summaa'uu biyyee kan fidu adda baasi?
    A. Balfa warshaa keessaa bahu
    B. Aara industirii keessaa bahu
    C. Bosbosuu albuudota sibiilotaa
    D. Biyyeetti makamuu xaa'oo orgaanikii
17. Malleen barsiisuu barumsa naannoo keessaa dhimmoota mormisiisaafi wal-amaniisuu barbaadamaniif faayidaa guddaa qabu kami?
    A. Mala paanaalii
    B. Mala xiinxalaa
    C. Mala falmii
    D. Mala marii garee
18. Adeemsa ijaarsa sirna barnoota barumsa naannoo keessatti amala sirna barnootichaa ta'uu kan hin dandeenye filadhu?
    A. Namoota hojiitti kan galchu ta'uu
    B. Haala ittifufaa ta'een yeroo dheeraa kan tajaajilu ta'uu
    C. Fufinsa dhabuufi yeroo yeroon fooyya'uu kan barbaadu ta'uu
    D. Kallattiidhaan barataafi namoonni kan irraa fayyadaman ta'uu
19. Duula hojii 'qulqullina naannoo' bakka jireenyaafi mana barumsaa keessatti fedhaafi jalalaan hirmaachuu barattootaa barsiisaan yoo madaale jijjiirama kami jiraachuu mul'isa?
    A. Jijjiirama ogummaa
    B. Jijjiirama xin-sammuu
    C. Jijjiirama sonaafi ilaalchaa
    D. Jijjiirama beekumsaafi hubannoo
20. "Wanti tokko wantoota biroo waliin makamee qulqullina yoo dhabe," kun jecha kamiin ibsama?
    A. Faalama
    B. Summii
    C. Asiidii
    D. Saalinii
21. Babal'achuu gammoojjiitiif gochi gumaacha qabu kami?
    A. Bineensota adamsuu
    B. Maddoota faalamaa dabaluu
    C. Seeraa ala ittifayyadama lafaa
    D. Seeraan itti fayyadamuu bishaanii
22. Eegumsa naannoof gumaacha kan hin qabne kami?
    A. Naannoo irratti ilaalchi gaarii dhabamuu
    B. Rakkoolee naannoo adda baasuufi fala barbaaduu
    C. Dhimmoota naannoo irratti hawaasa hirmaachisuu
    D. Dhimma naannoo irratti madaqinnii fi quuqamni jiraachuu
23. Kanneen armaan gadii keessaa tokko faakteroota lubbu-maleeyyii keessatti kan hammatamu dha?
    A. Baayoosfeerii
    B. Teempireechera
    C. Seelota
    D. Orgaanizimoota

24. Yaada bu'uura Toomaas Maaltasiin ibsame adda baasi?
    A. Teeknooloojiin omisha midhaan nyaataa ni dabala
    B. Lakkoofsi ummataafi midhaan nyaataa walmadaala
    C. Lakkoofsa ummataafi midhaan nyaataa walmadaaluu dhabuu
    D. Dinagdeen guddataa yoo adeemu lakkoofsa ummataa ofkeessatti haammachuu
25. Hir'achuu gosoota lubbu-qabeeyyiitiin miidhaan fiduu danda'u kami?
    A. Guddina dinagdee
    B. Kunuunsa biyyee
    C. Jeeqamuu ikkooloojii
    D. Eegamuu marsaa bishaanii
26. Akka yaada Toomaas Maaltasitti walsimannaa naannoo umamaafi ummataa kan ibsu:
    A. Lakkoofsa ummataa
    B. Dandeettii baachuu lafaa
    C. Dhibbaa naannoo umamaa
    D. Sadarkaa guddina teeknoolojii
27. Cileen yoo gubate faalama akkamii fida?
    A. Faalama biyyee
    B. Faalama bishaanii
    C. Faalama jalqabaa
    D. Faalama lammaffaa
28. Naannoo uumamaafi naannoo nam-tolchee haala faayidaafi fayyaa namaaf toluun karaa walmadaalaafi ittifufaa ta'een jiraachuun maaljedhama?
    A. Barumsa naannoo
    B. Rakkoolee naannoo
    C. Qu'annoo naannoo
    D. Eegumsa naannoo
29. Mala muuxannoowwan dhugaa garuu dhokataa ta'an kan ittiin calaqisiisan kami?
    A. Marii garee
    B. Doo'ii dirree
    C. Haala xiinxaluu
    D. Gahee taphachuu
30. Kaayyoon barumsa naannoo hojiirra ooluu isaa kan ittiin hubannu keessaa tokko:
    A. Sirna barnootaa qopheessuu
    B. Barumsa naannoo bal'inaan kennuu
    C. Madaallii sirna barnootaa gaggeessuu
    D. Hariiroo barataa, maatii barataafi barsiisaa cimsuu
31. Tokko naannoo hawaasummaa keessatti kan haammatamu dha?
    A. Aadaa
    B. Atmoosfeerii
    C. Liitoosfeerii
    D. Baayoosfeerii

32. Kan armaan gadii keessaa yaada dhugaa ta'e filadhu.
    A. Miseensonni naannoo tokkotti argaman hundi walirraa fayyadamu
    B. Namaafi lubbu-qabeeyyiin biroo walittidhufeenya al-kallattii qabu
    C. Dhalli namaa qabeenya uumamaa ni kunuunsa malee hin mancaasu
    D. Ikkooloojiin kan xiinxalu waa'ee naannoo malee waa'ee aadaafi siyaasaa miti
33. Sababa barumsi naannoo itti yaadamee barsiifamuufi baratamu kan hin agarsiifne kami?
    A. Lammiileen rakkoolee naannoo fi maloota kunuunsaa akka adda baafataniif
    B. Ilmi namaa dhimma naannoo hubatee dirqama isaa akka bahuu gochuuf
    C. Lammiileen qooda fudhachuudhaan rakkoolee naannoof fala akka barbaadaniif
    D. Dhalli namaa naannoo isaa miidhuuf dandeetti akka qabu mul'isuuf
34. Damee qorannoo rakkoo naannoof fala kennuu keessaa walhormaataafi kunuunsa bineensotaa irratti kan xiyyeeffatu kami?
    A. Zooloojii
    B. Bootaanii
    C. Ji'ooloojii
    D. Oshiinoogiraafii
35. Walittidhufeenyaafi daddarba anniisaa gosa naannoo isa kamiiti?
    A. Naannoo uumamaa
    B. Naannoo hawaasummaa
    C. Naannoo sirnawaa
    D. Naannoo baayoolojikaalaa
36. Naannoo uumamaa keessatti kan qabamu kami?
    A. Dinagdee
    B. Esteetiksii
    C. Etiksii
    D. Ikkooloojii
37. Rakkoolee naannootiif qaama furmaataa ta'uu kan hin dandeenye kami?
    A. Naannoo akka waliigalaatti hubachuu
    B. Muuxannoowwan gaggaarii babal'isuu
    C. Barumsi naannoo ittifufa malee kennamuu
    D. Rakkooleen naannoo waxaxaa ta'uu hubachuu
38. Naannoon addunyaa jijjiiramuudhaan miidhaa dhufu hin dandeenye filadhu?
    A. Rakkoon fayyaa mudachuu
    B. Lubbu-qabeeyyiin gosaan dabaluu
    C. Rakkoon lafa qonnaa bal'inaan jiraachuu
    D. Bu'aan naannoorraa argamu hir'achaa dhufuu

39. Yeroo ammaa naannawaan umama addunyaa hundi jijjiirama guddaa jala jiraachuu kan hin agarsiifne kami?

A. Harama biyyee
B. Faalama bishaanii
C. Harama qilleensaa
D. Madaala qilleensa baramaa

40. Balfa warshaafi mana jireenyaa keessaa bahu caalaatti faalama geessisu kami?
A. Faalama biyyee
B. Faalama bishaanii
C. Faalama qilleensaa
D. Faalama naannoofi qilleensaa

41. Dhalli namaa naannoo isaa irra deebi'ee akka qoratuufi xiinxalu kan dirqisiise maali?
A. Barumsa naannoorratti beekumsaafi hubannoon haalaan hojiirra ooluu
B. Naannoon umamaa kan addunyaa maraa jijjiirama jala jiraachuu
C. Jiraanyaan ummata addunyaa dhaabbataafi foyya'aa ta'uu
D. Eegumsiifi kunuusi naannoo umamaafi aadaa jiraachuu

42. Malli faalama bishaanii hir'isuu dandeessisu kami?
A. Qilleensa faalame qulqulleessuuf yaaluu
B. Madda faaltotaa qilleensaa adda baasuufi ittisuu
C. Qaama faalama qilleensaa to'atu gurmeessuu
D. Balfa warshaaleefi mana jireenyaa keessaa bahan to'achuu

43. Mata duree, "warshaaleen faalama fidan cufamuu qabu" jedhu mala kamiin yoo barsiifame caalaatti bu'a qabeessa ta'a jetta?
A. Mala falmii
B. Gahee taphachuu
C. Hojii piroojeektii
D. Daawwii dirree

44. Bakkeewwan gammoojjiifi gartokkee gammoojjiitti rakkoon naannoo uumamu kami?
A. Faalama qilleensaa
B. Saalinizeeshiinii biyyee
C. Asiidummaa'uu biyyee
D. Faalama agrookeemikaalaa

45. Sadarkaa doo'ii irratti gochi raawwatu kami?
A. Loojistikii barbaachisu qopheessuu
B. Geejjibaafi qabeenya eeyyamasiisuu
C. Mata duree kenname irratti dawwannaa gaggeessuu
D. Daawwii gudunfuufi muuxannoo argame waljijjiiruu

46. Barsiisaan barumsa naannoo madaallii kallattiin gaggeessuu kan agarsiisu kami?
A. Gaaffilee barreeffamaa qopheessuu
B. Gaaffii afaanii gaafachuu
C. Do'ii gaggeessuu
D. Marii gaggeessuu

47. Manca'insa bosonaan miidhaan walqabatu kami?
A. Ida'uu hamma kaarboon-daayoksaayidii

B. Hir'achuu baayoo-daayiversiitii
C. Jeeqamuu marsaa bishaanii
D. Hundi deebii ta'a

48. Sagantaa barnoota naannoo keessatti amala karoora gooroo kan ibsu kami?
    A. Kallattii waliigalaa agarsiisa
    B. Yeroon fudhatu gabaabaa dha
    C. Ulaagaa madaallii murtaa'aa qaba
    D. Caalaatti safaramuu kan danda'u dha
49. Ida'insi lakkoofsa ummataa yeroo mudatu, yaada soba ta'e kami?
    A. Hir'inni qabeenya uumamaa ni mudata
    B. Dandeettiin baachuu naannoo ni dabala
    C. Faalamni naannoo ni dabala
    D. Kunuunsi naannoo rakkoo keessa gala
50. Bu'aan qorannoo iyyaafannoo dhiibbaa naannoo gaggeeffame tokko miidhaafi faayidaa dinagdee dhufuu danda'u duraa duubaan 55% fi 45% kan agarsiisu yoo ta'e, murtii hoggantootaa ta'uu kan hin malle kami?
    A. Pirooppoozaala dhiyaate kuffisuu
    B. Pirooppoozaala dhiyaate mirkaneessuu
    C. Qu'annoo biroo akka gageeffamu ajajuu
    D. Piroojeekticha akka jijjiiramu ykn foyyaa'u dirqisiisu

Deebii GeEs 341

1. D	17. C	33. D
2. A	18. C	34. A
3. C	19. C	35. C
4. B	20. A	36. D
5. C	21. C	37. C
6. B	22. A	38. B
7. A	23. B	39. D
8. C	24. C	40. B
9. C	25. C	41. B
10. D	26. B	42. D
11. A	27. C	43. A
12. B	28. D	44. B
13. A	29. D	45. C
14. A	30. C	46. A
15. A	31. A	47. D
16. C	32. A	48. A

49. A

50. B